

سُورَةُ السَّجْدَةِ
Suuraa Sajdaa

*Dura dursoo suuran tun {suuratussajdaa}
je'anti

قبل كل شئ هذه هي سورة السجدة

*Isii suuraa makkaati aayata 16 20 malee
sun tamadiina'ati .

وهي مكية الآية (١٦ - ٢٠) فهي مدنية

*Aayaanni isi'ii soddoma {30}

وآياتها ثلاثون (٣٠)

*Lakkooyisi isi'ii soddomii lama {32}

وترتيبها إشتان وثلاثون (٣٢)

*Isiin eega suuratulmu'minuunatii buute

نزلت بعد سورة المؤمنون

* Jalqabni maqaa rabbi rahgmata qabuutii,

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} * {Alif laam miim} jecha kana
rabbumaatu makgnaa isaa beekha .

الْم

*Qur'aanni kun,bu'uun, dhufuun,

نَزِيلُ الْكِتَابِ

*Waan shakkiin keessan jirre,

لَا رَيْبَ فِيهِ

2} *Qur'aanni kun rabbii waa hunda uum-
erraa dhufe. Jechaafii makgnaadhalle'een

مِنْ رَبِّ الْعَالَمِينَ

*Haa tayuu ormi kuffaaraa quraanni Rabbi
biraa hin buunee muhammaddu if biraa ka-
asee jean dubbiin , akkasii mitii

أَمْ يَقُولُونَ افْتَرَيْنَاهُ

*Qur'aanni Rabbuma keetirraayi dhufe , ati
isaanirratti qara'uu malee waa takka kees-
san qabdu , wanni sirratti buufnef.

بَلْ هُوَ الْحَقُّ مِنْ رَبِّكَ

*Akka sodaachiftee qajeelchituufi .

لِنُنذِرَ

*Ummata nabiiyyiin ittin ergamin yaroo as
dhiyo`oo ta si duraa keessatti isaan arabaa

قَوْمًا مَّا أَتَتْهُمْ مِنْ نَذِيرٍ مِنْ قَبْلِكَ

yookaa qureyshiii, waytii dhiyoo keessatti eega nabi ismaaiilii.nabiiyyiin tok-
kolleen ittin ergamne .takkaa ummanni nabiiyyiin itt in ergamin arbaba qofaa
mitii ilmaan aadam hunda. duuba wanni warra si dura nabiiyyiin ittin ergamin
jeeef, zamanni nabi iisaaafii nabi Muhammad jidduu jiru, dheerannaani ,kana
hanga bara dhibba jaha gayu ummanni jidduu isaan lamaani jiru araba tayuu ,
kaan tayuu akkumaa , waan takkaa nabiiyyiin ittin ergaminii godhaman duuba
nabi Muhammad ummata addunyaaa hundatti ergame .

3} *Akka ergaa isaatin sodachisuu inni azaaba Rabbii nama sodachisuuun amananii qajelaniif jecha

لَعَلَّهُمْ يَهْتَدُونَ ﴿٣﴾

*Rabbiin kan sarni'iifii dachiidhafii,

اللَّهُ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

*Waan isaan lamaan jidduujiru, hanga guy-

وَمَا بَيْنَهُمَا فِي سِتَّةِ أَيَّامٍ

yaa jaha keessatti uume, guyyaa alhadarraa hanga guyyaajum'atatti, dachii alh-adaafii isniina keessatti uume, waan isii keessa jiru salaasa'aafii, arbi'aa keessatti uume, samii khamiisafii jum'ata keessatti uume.

*Rabbiin kgarshi'irratti ol taye, ol tayi-

ثُمَّ اسْتَوَىٰ عَلَى الْعَرْشِ

Isa isaan malu, kgarshiin irra guddoo waan raabbiin uumee, tan waan rabbiin uume hundaan, marsitu {istawaa} jechuun: afaan arabatti ma'naa kudha shan qaba kudha shanan keessaa kan itti fedhame rabbiitu beekha je'anii dhiisu'-uutu gaari'i, rabbiin waan uume akka tokkottillee hin fakkaatuu yaadu'uun wajji ,

*Isin yaa warra rabbitti kafare, rabbi malee waliyyii hin qabdan, nama isinii dirmatu hin qabdan ,

مَا لَكُمْ مِّنْ دُونِهِ مِنْ وَلِيٍّ

*Nama isin shafa'ee azaaba isinirraa deebisu hin qabdan nama araara isinii barbaadun hin qabdan ,

وَلَا شَافِعَ لَهُ

4} *Si kana yaadattanii hin amantanii ?

أَفَلَا تَتَذَكَّرُونَ ﴿٤﴾

*Rabbiin amrii isaa ni buusa takkaa mala-aykaadha firdiidhan buusa,

يُدَبِّرُ الْأَمْرَ

*Samii turban gubba'aa hanga dachii . torbanitti, firdiin rabbii godhamti warri dalagaa addunya'aa tana oofu malaaykaa afuri :

مِنَ السَّمَاءِ إِلَى الْأَرْضِ

1 - Jibriili, inni rabbiifii ergamootajidduu deema, inni akkuma ruuhgi'itti wakiilaa ,cifraa rabbii, kan warra bade balleessutti, wakiila, yookaa mata'a,

2 - Miikaa'iili, inni bishaanifii roobatti maddabame,

3 - Malakulmawti {Kgizraa'iil}, inni lubbuu waan du'uu fuudhu'utti maddabame,

4 - Israafiili, inni garrii afuufu'utti maddabame,

Ammas akki je'ame kgarshiin bakka taliga'aatii, samiin bakka qoodatii, wannii sanii gadii bakka dalaga'aati ,

*Dalagaan gabroonni dalagu marti ,bakka dalagaan kaayamtu, kan samii gadaantu keessajirtutti ol fuudhamti

ثُمَّ يَعْرُجُ إِلَيْهِ

5} *Guyyaa dheerinni isaa amata kum tokko gayu,yoo amata addunya'aatin laalle

﴿٥﴾ فِي يَوْمٍ كَانَ مِقْدَارُهُ أَلْفَ سَنَةٍ مِّمَّا تَعُدُّونَ

Maalif samiidhafii dachii jidduun bara dhibba shani duuba bu'aafii bayiinsi bara kuma taya, haa tayuu malaaykan,amna,kana liphii takkatti buutee baate .takkaa makgnaan isaa taligaan hundi, keessafi gubba'alle'een guyyaa qiyaama'aa, kan dheerinni isaa bara kuma gayu yookaa kum shantam gayu.gara rabbiiti deebiti, gaafas rabbiin taligaa nama hunda harka fuudheti, ar'a mootumman ta eenyuti je'a? duuba nam tokko, hundi dhume, kan anaatu mootii je'u , akka gaafa addunya'atti hin jiru. nama tayuu, malaaykaa tayuu , rabbiin suuraa tana keessatti guyyaan qiyaama'aa hanga bara kumaati je'e, ammoo aayata biraa keessatti, hanga bara kum shantamaati je'e: duuba gubbaa dubbii tanaa yoo laalle aayanni laman akka waan lama ta adda addaa dubbatuuti fakkaatan haa tayuu dubbiiin tokkumaa, bakka qiyaamaa namni dhaabbatuutu bakka shantamatti qoodama, ba kka hunda bara kuma keessa dhaabbatan, aayanni kum shantama jette, walii gala dhaabbannaa shantamman san iiti himti, aayanni bara kuma jettu dhaabbannaa bakka takkaati himti, akkasuma azaabni kaafiraa wal dhaba bakka takkatti azaaba keessa bara kuma tokko taa'a eegasii azaaba biratti dabree bara kum takka taa'a akkasitti kum shantam guuta, sanumaan wajji haalli guyyaa qiyaama'aa wal dhaba maalif kan akkasitti kuffaaratti dheeratu cinqi'irraa orma mu'minatti gabaaba'a. waan cinqii hin agarreef.

*Rabbiin akkasitti waa uume, waa taligu, kan taligaan hundi guyyaa qiyaama'aa dheeraa san keessatti, gara isaa deebitu, sun,

ذَلِكَ

*Kan waan gabroottan isarraa fogo'oo beekhu,

عَلِمَ الْغَيْبِ

*Kan waan gabroonni beekhu hunda beekhu,

وَالشَّهَادَةِ

*Kan waa takka isan injifanne,

الْعَزِيزِ

6} *Kan warra isa dhagayuud rahgmata godhu

﴿٦﴾ الرَّحِيمِ

*Kan waan uume hunda akkaan tolcheuume,

الَّذِي أَحْسَنَ كُلَّ شَيْءٍ خَلَقَهُ.

7} *Rabbiin uumaa namaa bordodarraa jalqabe inni aadami .

﴿٧﴾ وَبَدَأَ خَلْقَ الْإِنْسَانِ مِن طِينٍ

8} *Eegasii ilmaan aadam bishaan laafaa gatiin qabneraa uume,sun {maniyi'ii} yookaa bishaan dhiiraa dhala'arraa bayu

﴿٨﴾ ثُمَّ جَعَلْ سَلْه. مِنْ سُلَالَةٍ مِنْ مَاءٍ مَّهِينٍ

*Eegasii aadamii biyyeerraa.uumaa isaa ja-lqabe san karoora itti godhee suuraa isaa tolchee, humna itti godhee,

ثُمَّ سَوَّاهُ

*Rabbiin ruuhgii aadamitti afuufee, kan duraan akka dhaga'aa,argee, dhagaye,

وَنَفَخَ فِيهِ مِنْ رُوْحِهِۦ

*Rabbiin gurra isiniifuumees , akka dhageessan isin godhe, yaa ilmaan aadam

وَجَعَلَ لَكُمُ السَّمْعَ

*Ammallee ija isiniif uumees , akka gartan isin godhe,

وَالْأَبْصَرَ

*Ammallee onnee yookaa qalbii isiniif uumees akka waa beytan isin godhe,

وَالْأَفْئِدَةَ

9} *Kanumaan wajji rabbi if galata galchuun keessan waa xiqqishuma.

فَلْيَلَا مَا تَشْكُرُونَ ﴿٩﴾

*Kuffaarri aakhiraan hin jirtu je'u, akki jete:

وَقَالُوا

*Si hoggaa dachii keessa banne,biyyee taanee,itti makamnee,

أَيُّ ذَا ضَلَلْنَا فِي الْأَرْضِ

*Deebineeti, lammada , uumaa haarawa , uumamnaa? hin deeffamnu jechuu isaaniti. duuba rabbiin akki je'e:

أَيُّ نَأْيٍ خَلَقِ جَدِيدٍ

10} *Jarri sun kaafamuu qofaa mitii, kaafamanii, rabbi isaan uume argu'ullee moramaan.

بَلْ هُمْ بِلِقَاءِ رَبِّهِمْ كَفِرُونَ ﴿١٠﴾

*Wanni isaanin jettu , malaaykichi du'aa kan ruuhii teessan fuudhu'utti maddabame, isin ajjeessa,ji'ii,

﴿١٠﴾ قُلْ يَتُوقَفُكُمْ مَلَكُ الْمَوْتِ الَّذِي وُكِّلَ بِكُمْ

11} *Eegasii gama Rabbi keessaniiti deebitan eega isin jiraachisee kaafamtanii, malaaykichi du'aa kun ashkara hedduu, malaaykaa rahgmataatiffii,malaaykaa azaabarraa qaba, addunyaan tun akka quri'iiti isaaf godhamte, kan akka fedhetti nama du`uruu hgii keessa fuudhu .. duuba gaafa gara isaa deebitan, waan isin yakka, ra bbiin haala kuffaaraa kan qiyaama'aa himee akki je'e,

ثُمَّ إِلَىٰ رَبِّكُمْ تُرْجَعُونَ ﴿١١﴾

*Odo orma kuffaaraa guyyaa qiyaama'aa gartee,

وَلَوْ تَرَىٰ إِذِ الْمَجْرِمُونَ

*Isaanii mataa gad qabatee, fuula rabbi dhaabbatu qaanfatuu soda'aa, keessa,

نَاكِسُوا رُءُوسِهِمْ عِنْدَ رَبِّهِمْ

*Kan yaa rabbi keenya: kaafamuu duraan dinne, ijaan garree ,

رَبَّنَا أَبْصَرْنَا

* Akka ati ergamootan kee dhugo'oomsite,
kan duraan dinnee, isaan kijibsiifue , sirraa
dhageenyee, dhugo'oomsinee,

وَسَمِعْنَا

* Addunya'atti nu deebisi,

فَارْجِعْنَا

* Addunya'arratti waan gaarii dalaynaa,

نَعْمَلْ صَالِحًا

12} * Amma nuti haqa beynee, hubannee
isaanii je'u, odoo gartee silaa ajaa'iba goota,
gaafas waan barbaadan hin argatan, addu-
nya'atti hin deeffaman .

إِنَّا مُوقِنُونَ ﴿١٢﴾

* Odoo lubbuu hunda iimaanarratti uum-
nee, iimaanarratti du'uu isaanii feenee,

وَلَوْ شِئْنَا

* Silaa nama hundaaf iimaana kenninee qa-
jeelchina, kan nam tokkolleen iimaanarraa
maquu hin dandeenye,

لَأَيْنَأُكُلُ نَفْسٍ هَدَدَهَا

* Haa tayuu waanan je'ee dabarseetu jira ,
kanan firdii godhee dabarse, sun,

وَلَكِنْ حَقَّ الْقَوْلُ مِنِّي

* Ibdda jahannam nan guuta,

لَأَمْلَأَنَّ جَهَنَّمَ

13} * Jallataa jinni' iitif jallataa namaatin
je'ee, duuba namni aylii kenneefii, ergamaa
itti ergee, ragaa haqaa garsiise, yoo qajeele,
manni isaa jannataa, yoo didee jallate ma-
nni isaa ibidda

مِنَ الْجِنَّةِ وَالنَّاسِ أَجْمَعِينَ ﴿١٣﴾

* Isaan jallataniif mana ibiddaa haqa godh-
ataniin wanni je'arnu: azaaba dhandhamaa,

فَذُوقُوا

* Waan gaafa addunyarra jirtan argaa gyy-
yaa keessanii, kanatti amanuu diddaniif.
takkaa dhiiftaniif,

بِمَا نَسِيتُمْ لِقَاءَ يَوْمِكُمْ هَذَا

* Nuti ar'a azaaba keessatti isin dhiifnaa

إِنَّا نَسِينَاكُمْ

* Azaaba zalaalami'ii kana dhandhamaa

وَذُوقُوا عَذَابَ الْخُلْدِ

14} * Sababaa waan dalaydaniitif rabbitti
kafartanii , ergamoota kijibsiiftanii.

بِمَا كُنتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿١٤﴾

* Inumaa namni aayata keenyatti amanu,

إِنَّمَا يُؤْمِنُ بِآيَاتِنَا

* Warra yoo aayata qur'aanatiin gorfame,

الَّذِينَ إِذَا ذُكِّرُوا بِهَا

*Fuulan lafa dhawan, isaaniif rabbii jecha sujuudu

خَرُّوا سُجَّدًا

*Rabbii isaaniti, waan hamtu hundarraa, qulqulleessan isa faarsu'uun wajji {Subhg-aanallaahi wa bi hgamdihii} je'anii,

وَسَبِّحُوا بِحَمْدِ رَبِّهِمْ

15} *Isaan ibaadaa rabbirraa iimaanarraa if hin guddisin

وَهُمْ لَا يَسْتَكْبِرُونَ ﴿١٥﴾

* Cinaachi isaanii ni fagaata , ol fuudharna,

تَتَجَافَى جُنُوبُهُمْ

*Bakka hirriibarraa, halkan waa xiqqo rafan jechu', wanni hirriiba dhabaniif sa laata halkanii salaatu'uufi, sawaabni sun naa halkanii asii asii mitii

عَنِ الْمَضَاجِعِ

*Rabbii isaaniti ibaadan, khadhatan,

يَدْعُونَ رَبَّهُمْ

* Azaaba isaa soda'aaf yoo itti balleessan,

خَوْفًا

*Rahgmata isaa khajeelu'uuf yoo qajeelan

وَطَمَعًا

16} *Isaan waan nuti isaanii kenninerraa sadaqatan.

وَمِمَّا رَزَقْنَاهُمْ يُنفِقُونَ ﴿١٦﴾

*Lubbuun takkalleen addaan babaaftee, hin beytu ,

فَلَا تَعْلَمُ نَفْسٌ

*Waan rabbiin isaanif ol kaayee, isaanif kennu,

مَّا أُخْفِيَ لَهُمْ

*Waan isaan gammachiisu, kan ijji isaanii irratti dhaabbattu,kan waan biraa laaluu hinfeene,

مِنْ قُرَّةِ أَعْيُنٍ

17} *Galata yookaa sawaaba waan isaan dalaguu turaniitif jecha.

جَزَاءً بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٧﴾

*Si namni dhuga'aan amanee, qajeele,

أَفَمَنْ كَانَ مُؤْمِنًا

*Akka nama dhuga'aan hin amanin kan afaanin amanee gara'aan kaafiraati tayaa?

كَمَنْ كَانَ فَاسِقًا

18} *Mu'minaafii faasiqni, waI qixaa miti

لَا يَسْتَوُونَ ﴿١٨﴾

*Maalif? warri amanee waan gaarii .

أَمَّا الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

*Jara saniif jannata keessa galantu isaanif jira,

فَلَهُمْ جَنَّاتُ الْمَأْوَىٰ

*Kan isaanin guddisu'uuf qopheeffame,

نَزَلًا

19} *Sababaa waan isaan dalaguu turaniitif

بِمَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٩﴾

*Ammoo namni kufri'iifii ergaa rabbi kijib-siisu'uun kara'arraa baye,

وَأَمَّا الَّذِينَ فَسَقُوا

*Bakkeen isaan aakhira'atti galan ibidda,

فَمَا وَهُمْ نَارًا

*Hogguma irraa bayuu fedhan hunda,

كَلَّمَا أَرَادُوا أَنْ يَخْرُجُوا مِنْهَا

*Ibidda keessatti deefaman hoggaa ibiddi darbee boolla keessaa qarqaratti ol dhiyee-

أَعِيدُوا فِيهَا

sse, bayu'uuf tattaafatan, haa tayuu arrabni ibiddaa fuudheti gad butee, boolla ibiddaa keessatti, gad dabarse, akkamitti zalaalamii taa'an ,

20} *Wanni isaanin je'amu ibidda kana dhandhamaa azaaba ibiddaa, kan hin jiru jettanii kijibsiisuu turtan.

وَقِيلَ لَهُمْ ذُوقُوا عَذَابَ النَّارِ الَّتِي كُنتُمْ فِيهَا

تَكْذِبُونَ ﴿٢٠﴾

* Azaaba addunya'aa kan dhiyoodhaa isaan dhandhamsiifna. ajjeefamu'uufii, boojiya-mu'uu, dhukkubaa, beela, isaan dhandhamsiifna,

وَلَنَذِيقَنَّهُمْ مِنَ الْعَذَابِ الْأَدْنَى

* Azaaba guddaa dura, azaabni guddaan azaaba aakhira'aatii,

دُونَ الْعَذَابِ الْأَكْبَرِ

21} *Akka warri hafe,gorfamee, gara iimanaa deebi'uuf .

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٢١﴾

*Eenyu namni nama aayata rabbiitin gorfamee,

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ ذُكِّرَ بِآيَاتِ رَبِّهِ

*Duuba itti amanuu didee, irraa gara galerraa cubbuu dalage,namni isarra dilii dalage, hin jiru ,

ثُمَّ أَعْرَضَ عَنْهَا

22} *Nuti warm dilaayee kafarerraa biiluu yookaa gadoo baana, isaan qixaan'a .

إِنَّا مِنَ الْمُجْرِمِينَ مُنْتَقِمُونَ ﴿٢٢﴾

*Muusa'aaf kitaaba towraat je'amu kenninee jirra,

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى الْكِتَابَ

*Shakkii keessan bu'in, hin mamin.

فَلَا تَكُنْ فِي مِرْيَةٍ

*Muusaa halkan israa'afii mikgraajaa arguurraa shakkii hin qabaatin, gartee jirtaa nabi

مِنْ لِقَائِهِ

muhammad, halkan makkaaka'ee beyt almaqdis dhaqee, achirraa ka'ee samii bayee deebi'e san bakka sadiyitti, nabi muusaa arge, takka masjid qudsii kan anbiyoonni hundi keessatti wal gayanii, nabi dabaalu'uuf eegan, keessatti arge , ammas eega samii bayeeyis nabi muusaa samii jaheessa'aa keessatti argee, wajji haasawee, salaata duraan shantamaa sababaa isaatin shanitti rabbiin nuu deebise, nabi muhammad nabi muusaa arguu rabbiin nuu odeessu keessaa waan nabi muusan ummata isaatii godhe yaadachiisu'uuti jira keessattuu salaata shanan ,

*Nabi muusaa yookaa kitaaba towraat goonee jirra,

وَجَعَلْنَاهُ

23} *Kan ilmaan israa'iil qajeelchu .

هُدًى لِّبَنِي إِسْرَائِيلَ ﴿٢٣﴾

*Ilmaan israa'ilirraa imaamman, warra namaan deemu hedduu goone, kan akka anbiya'aa ulama'iidhaa,

وَجَعَلْنَا مِنْهُمْ أَيْمَةً

*Kanneen diin keenyatti, dubbii teenyatti nama yaamanii qajeelchan, ajaja keenyan,

يَهْدُونَ بِأَمْرِنَا

*Nuti imaamman isaan godhuun , hoggaa isaan diin keenyatti nama yaamu`uufii cinqii hedduu ba'atanii balaa heddu'urratti obsan, balaa xilaatarraa isaanitti dhufu taatuu tan biraa taatuu, namni obsan qabne namaan deemuu hin dandayuu, imaamummaa haqan godhatuu.

لَمَّا صَبَرُوا

24} *Jarri imaaman goone sun mukgijizaa teenya tan dandeytii teenyafii tokkummaa teenya beeyisiftu, ni dhugo'oormsan, itti amanan .

وَكَانُوا بَيْنَنَا يَوْمَ الْقِيَامَةِ ﴿٢٤﴾

*Rabbiin kee, isaatu kaafiraafii mu'mina guyyaa qiyaama'aa dubbii jiddu'utti laalee adda baasa ,

إِنَّ رَبَّكَ هُوَ يَفْصِلُ بَيْنَهُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

25} *Dubbii diin, tan isaan irratti wal dhaban keessatti, kan haqarra jim mull'isee.

فِيمَا كَانُوا فِيهِ يَخْتَلِفُونَ ﴿٢٥﴾

*Si isaanif hin baanee ? hin beynee?

أَوَلَمْ يَهْدِ لَهُمْ

*Ummanni hedduun, nuti, isaan dura lafaarraa fin'e, isaan jallannaan,

كَمْ أَهْلَكْنَا مِنْ قَبْلِهِمْ مِنَ الْقُرُونِ

*Kan ormi nu moromu kan ona {mana }ja-

يَمْشُونَ فِي مَسْجِدِهِمْ

ra nuti fin'ee san keessa yaa'an, biyya hedduu keessatti, keessattuu kutfaarri makkaa, hoggaa shaam dhaqanii galan, biyya jarri sun irraa dhume, manneen isaanii qullaa hafe, kan isaan waaqatti balleessinaan waaqni yookaa rabbiin lafarraa fixe jechuun namuufuu beekkamee jim, duuba saniin gorfamanii hin amananii ?

*Waan dubbanne san keessa raga dandeytii teenyatiitu jiraa ,

إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ

26} *Si dhageeytii fudhatu'uu, takkaa gorfamu'uunii, hin dhagayanii?

أَفَلَا يَسْمَعُونَ ﴿٢٦﴾

*Si hin agarree,

أَوَلَمْ يَرَوْا

*Akka nuti bishaan dachii goggoyduu , mayri keessa hin j irretti yaafnee,

أَنَّا نَسُوقُ الْمَاءَ إِلَى الْأَرْضِ الْجُرُزِ

*Ooyruu yookaa mayra magarsinu,

فَنَخْرِجُ بِهِ زَرْعًا

*Kan waan mayre sanirraa, horiin isaanii dheedu, yookaa nyaatu ,

تَأْكُلُ مِنْهُ أَنْعَامُهُمْ

*Kan waan nuti magarsine sanirraa ifiifis nyaatan ,

وَأَنْفُسُهُمْ

27} *Si, duuba kana arganii, guyyaa boruu isaan jiraachifnee deebisuu dandayuu kee- nya hin dhugo'oomsanii.

أَفَلَا يَبْصُرُونَ ﴿٢٧﴾

28} *Wanni kuffaarri orma mu'minaatin je'u : yoom rabbiin isimii tum see nurratti isin moosisa yoo kan dhugaa dubbattan

وَيَقُولُونَ مَتَى هَذَا الْفَتْحُ إِن كُنْتُمْ

صَادِقِينَ ﴿٢٨﴾

taatan je'an, qishna'aaf jecha. Maalif orma islaamatiitu kutfaaran rabbiin nu garg aaraa isin mooyu'uu jiraanna je'e, hoggaa san kuffarri sun yoomi je'e

*Wanni isaanin jettu guyyaa gargaarsi

قُلْ يَوْمَ الْفَتْحِ

rabbii dhufee azaaba isaanitti buuse, sun qi- yaama'aa,

*Guyyaa san amanuun warra ar'a kafare hin fayyadu. Irraa hin qeebalamu,

لَا يَنْفَعُ الَّذِينَ كَفَرُوا إِيمَانُهُمْ

29} *Akka amanan yookaa towbatan, qaax- aaron, yookaa qabni isaanii hin qabamu .

وَلَا هُمْ يَنْظُرُونَ ﴿٢٩﴾

*Orma kuffaaraa san itti dhiisii irraa gara galii,

فَأَعْرَضَ عَنْهُمْ

* Azaaba isaanitti bu'u eegi

وَأَنْظَرُ

30} *Isaanis waan isinitti bu`u eeganii ati
duutee sirraa hara baafatuu faa eeganii, haa
tayuu waan fedhan hin argatanii ,

إِنَّهُمْ مُنْتَظَرُونَ ﴿٣٠﴾